Oromiyaa

Lakk. 363

Oduu

Guddinni kallattii hundaanu argame cimee akka itti fufu SDSA beeksise

Sosocho’inni demokraatawaa saba Amaaraa hundeeffamasaa waggaa 27 tibba darbe magaalaa Baahirdaaritti haala ho’aatiin kabajateera. Gama siyaasaa, dinagdeefi hawaasummaatiin bu’aaleen hedduu argamuusaanii ibsii koreen gidduu galeessaa dhaabbatichaa baase addeesseera.

Bal’ina oduu kanaa Balballoomii iraa ilaalaa.

Ulaawwan misoomaa hojjetamaa jiran guddina naannichaa si’achiisuuf gahee akka aban ibsame

Naannoo Oromiyaatti hojiiwwan gama ulaawwan misoomaatiin hojjetamaa jiran guddina naannichaa si’achiisuuf shoora ol’aanaa akka qabaniifi walumaa galatti baajanni birrii miliyoona 480 ramadamee hojjetamaa akka jiru ibsame.

Ob. Dachaasaa Dhugaasaa Biiroo misooma qonnaa Oromiyaatti itti aanaa hogganaa biiroofi itti gaafatamaan damee eegumsa bunaa, kuduraafi muduraa akka ibsanitti ulaawwan misoomaa keessaa kan Oromiyaa lixaa godinaalee jahaa aanaalee 93 giddu galeessa kan taasiseedha. Naannoo kanattis misooma bunaarratti xiyyeeffatamee kan hojjetamu yemmuu ta’u, dabalataanis, mi’eessituu, urgooftuu oomisha dammaafi kanneen biroonis hojjetamaa jiru.

Ulaa misoomaa lixaaf baajanni birrii miliyoona 19ol ramadamuusaa kan ibsan itti gaafatamichi, godina Jimmaatti sanyiin bunaa kiiloogiraama 17,900 kan qophaa’e ta’uusaafi aanaalee ofiif qopheeffachuu hindandeenyeef dhaabbata biqiltuu Limmuurraa birrii kuma 200n sanyiin bunaa kuntaal 40 bitamuusaa akkasumas, qorannoo qonnaa Jimmaa irraammoo kuntaalli 40 bitamuusaa dubbataniiru. Itti fufuudhaanis, biqiltuun aanaanaasii 1,500 birrii kuma 700n bitamuusaafi meeshaalee qulqullina bunaaf gargaaran bituuf birriin kuma 500 ramadamuusaa addeessaniiru.

Godina Iluu Abbaabooraattis sanyiin bunaa kiiloograama 25,450 qophaa’uusaafi meeshaalee qulqullina bunaaf barbaachisan kanneen akka shiboo maramaa, joniyyaa diriiraafi kanneen biroo birrii kuma 670 bitamuusaa, godina Wallaggaa Lixaattis sanyiin bunaa kiiloogiraama 38,250 qophaa’uusaafi meeshaaleen addaddaas birrii kuma 500n bitamuusaanii Ob. Dachaasaan dubbataniiru. Itti fufuudhaanis, godina Qellam Wallaggaatti sanyiin bunaa kiiloogiraama 19,500 qophaa’uusaa, meeshaalee addaddaa bituufis birriin kuma 290 ramadamuusaa ibsanii, godinaalee kanneen biroofis sanyiin bunaafi meeshaaleen addaddaa akka bitaman eeruudhaan, walumaa galatti sanyiin bunaa kiiloogiraama 109,300 akka bitamuufi bara 2001 biqiltuun bunaa miliyoona 255 ol qophaa’uusaa addeessaniiru.

Ulaan misoomaa gidduu galeessaa Shawaa kaabaa, bahaa, lixaa, kibba lixaa gidduu galeessa godhate akka hojjetamuufi oomisha midhaaniirratti xiyyeeffachuudhaan, dabalataanis, horsiisa horii, sangaa gabbisuu, misooma kuduraafi muduraa irrattis akka hojjetamaa jirufi birriin mil. 10 ol ramadamuusaa Ob. Dachaasaan dubbataniiru. Itti dabaluudhaanis, lafa heektaara 5,434 irratti shumburaa, lafa heektaara 2,061 irratti misiri, lafa heektaara 640 sunqoo, abasuunni gurraachaafi adii ammoo heektaara 747 irratti faca'uusaafi walumaagalatti qonnaan bultoonni kuma 33 ol hirmaachuusaanii eeraniiru.

Ulaan misoomaa bahaa wabii nyaataa wajjin wal qabatee akka hojjetamu kan ibsan itti gaafatamichi birriin miliyoona 450 ramadamee hojjetamaa akka jiru addeessaniiru. Itti fufuudhaanis, kaayoon ulaawwan misoomaa guddina naannichaa si'achisuuf akka ta'e eeruudhaan ulaawwan misoomaa kanneen biroos qoratamaa akka jiran ibsaniiru.

Leenjiin paakeejii bulchiinsa gaarii kenname

Godina Booranaa aanaa Areerootti hojjettoota mootummaa 213f bulchiinsa gaarii irratti leenjiin paakeejii bulchiinsa gaarii kennamuu isaa qindeessaan beeksisaafi sab-qunnamtii ummataa aanichaa Ob. Caaccuu Godaanaa beeksisan.

Leenjiin kun kaabinootaafi oggantoota aanaa 48, oggantoota gandaa 108, hojjettoota misoomaa 17, dura bu’oota manneen barnootaa 22, barreessitoota gandaa 18f kennamuu isaa Ob. Caaccuun ibsaniiru. Itti fufuudhaanis, leenjiin kun hubannoo gaarii kan uumu ta’uu isaa hirmaattonni dubbachuu isaanii kan addeessan Ob. Caaccuun, leenjiin kun hamma gandaatti gadi bu’ee yoo kenname bu’aa gaarii kan argamsiisu ta’uu isaa hirmaattonni irratti walii galuu isaanii itti gaafatamaan kun ibsaniiru.

Biiroon Galiiwwanii Ormiyaa birrii miliyoona 242 ol walitti qabe

Biiroon Galiiwwanii naannoo Oromiyaa kurmaana tokkooffaa bara kuma lamaa keessatti galii addaddaa irraa birii miliyoona 242 ol walitti qabuusaa Ob. Wandimuu Birraatuu hogganaan biiriichaa ibsan.

Karoora kurmaana tokkooffaa bara kuma lamaatti ashuuraa kallattiifi kallattii hintaaneerraa birrii miliyoona 195 walitti qabuuf karoorfamuusaa kan ibsan Ob. wandimuun, karooraa ol birriin miliyoona 242 walitti qabamuusaa dubbataniiru. Itti fufuudhaanis, hojiin kurmaana tokkooffaa baranaa, kan bar-dheengaddaa wajjin wal biratti qabamee yemmuu madaalamu dhibbeentaa afurtamii lama oliin caalmaa akka qabu eeraniiru.

Guddinni kun argamu kan danda’e rakkoolee adeemsa hojii keessatti uumaman qorachuudhaan furmaata kennuun, akkasumas hojjettootaafi kafaltoota ashuuraaf leenjiin fufiinsa qabu kennamuusaatiin akka ta’e Ob. Wandimuun eeraniiru. Itti fufuudhaanis madda galii babal’isuufi bu’uraalee gibiraa fooyyeessuun, sagantaa sirna fooyya’insa taaksii hojiirra olchuun dandeettii qaamota gibira murteessaniifi walitti qaban guddisuuf xiyyeeffannaan itti kennamee hojjetamaa akka jiru addeessaniiru.

Daldaltoonni kuma sagaltamaa ol ashuuraa kafalaa akka jiran odeeffannoo argameerraa baruun danda’ameera.

Magaalaa Holotaa keessatti inveestimentiin habaaboo babal’achaa jira

Waggoottan darban keessa inveesteroonni omisha abaaboorratti bobba’an 21 Magaalaa Holotaa keessatti socho’aa akka jiran ibsame.

Kantiibaan bulchiinsa magaalaa Holotaa Ob. Badhaasaa Jinfeessaa gaazexaa Oromiyaaf addatti ibsa kennaniin, inveesteroonni 21n kaappitaala birrii mil. 30 ol galmeessisan kun hojii omisha abaaboo qofaa osoo hin taane hojii bu’uraalee misoomaa hedduu hojjechaa akka jiraniifi hiyyummaa hir’isuu keessattis shoora guddaa taphachaa akka jiran ibsaniiru.

Hojiiwwan bu’uraalee isoomaa diriirsuu keessatti keessumaa Dr. Sheek Mahaammad Allaamuddiin daandii km. 4.5 birrii mil. 14.5n hojjisiisuusaaniifi hoji dhabdoonni 5000tti shallagaman carraa hojii inveesteroonni 21 magaalatti keessatti argaman argamsiisaniin hojii argachuusaanii kantiibichi dabalanii eeraniiru.

Akka waajjira paalniifi inistituutii Oromiyaatti Waxabajjii 1999 irraa kaasee hojiin plaanii magaalattii hojjetamaa jira, kan jedhan kantiibichi, hojiin plaanii kun xumuramnaan inveesteroota hojii barnootaa, agroo industiriifi hormaata horiirratti bobba’uuf heyyama gaafatanii jiran mara keessumsiisuu akka danda’an ibsaniiru.

Bulchiinsi magaalaa Holotaa, ummata magaalattiitiif bishaan dhugaatii baasii birrii mil. 1.5n galchuuf shochiirra jiraachuusaa kan ibsan kantiibaan magaalatii, kunis kan raawwatamu hirmaannaa ummataa, bulchiinsa magaalaafi abbaa qabeenyaa lammii biyya Hindii “kaaraatuurii” jedhamun akka ta’e dabalanii addeessaniiru.

Baayi’inni ummata magaalaa Holotaa waggaa waggaadhaan %4 dabalaa kan deemu ta’uu saatiin Atoobisiin Finfinneedhaa deddeebi’u 2 qofaan gahaa akka hin taane kan ibsan Ob. Badhaasaa Jinfeessaa, Atoobisii gahaan dabalataan magaalattiidhaaf akka ramadamu gaafataniiru.

Xumurarrattis, Abbootiin qabeenyaa magaalattii keessatti socho’aa jiran magaalattii dhaaf bishaan, jireenyaafi qabeenya akka ta’an kan ibsan Ob. Badhaasaan magaalattiin haala mijaawaa kan akka bishaanii, ibsaa, daandii, bilbilaa, Baankii, poostaafi kkfn akka qabdu eeranii, inveesteroota maallaqasaanii inveestii gochuu barbaadan hundaaf waamicha dhiheessaniiru.

Aanaa Baakkoo Tibbeetti duulli hojii misoomaa hirmaannaa ummataatiin hojjetame

Godina Shawaa lixaa aanaa Baakkoo Tibbeetti hirmaannaa ummataa namoota 1102n daandiin konkolaataa km. 16 gandoota sadan qixxeefi Dasoo Dongoroo wal quunnamsiisu tokkoo tilmaama birrii 1120tiin, manni barumsaa guddina biyyaa hirmaannaa ummataatiin dareen dabalataa 2 tilmaama birrii 6000tiin, teessoon 40, manneen jireenyaa barsiisotaa 4 birrii 8500tiin hojjetamee tajaajila kennuu eegaluu isaa itti aanaa itti gaafatamaan wajjira beeksisaafi sab-qunnamtii aanichaa Ob. Irrattii Dinqaa ibsaniiru.

Akka ibsa Ob. Irrattitti, tarsiimoo ulaa misoomaa mootummaan baase galmaan ga’uuf hirmaannaan ummataa iddoo guddaa qabaachuu isaafi murteessaa ta’uus eeranii, jiraattonni kunneen kaka’umsa mataa isaaniitiin faaydaa manneen barnootaafi daandii hubachuun sochiin taasisaa jiran kun duddina bar-kumee haaraatti galmeessuuf qophoofnuuf kan nama jajjabeessu ta’uu eeraniiru.

Aanaa kana ganda qonnaan bulaa Bakkajjoofi Aallee keessatti jiraattonni 1387 daandiin konkolaataa km. 15 hirmaannaa ummataa tilmaama birr. 20,805n gandoota Danbii Diimaafi Baarii, Aabboofi Bakkajjoo Aallee wal quunnamsiisu suphamee xumurameera jechuun itti aanaa itti gaafatamaa wajjira beeksisaafi qunnamtii aanichaa eeruudhaan Taayyee Taabuu Baakkoo irraa nuuf gabaaseera.

Oduu balballoomii

Guddinni kallattii hundaanuu jalqabame...

Dhaabbanni Sosocho'ina Demokraatawaa saba Amaaraa hundeeffamasaa waggaa 27ffaa tibbana magaalaa Baahirdaaritti haala addaatiin kabajeera. Ibsi koreen giddu galeessaa dhaabbatichaa baase akka addeessutti, adeemsi qabsoo dhaabbatichaa waggaa 27 boqonnaa lamatti qoodame ilaalama. Inni jalqabaa waggaa 11 keessatti kan ramadamuufi sirna dargii farra demokraasii ta'e barbadeessuuf qabsoo hidhannoo taasifame giddu galeessa kan godhatudha. Addeemsa kana keessatti qabsaa'onni hedduu aarsaa ta'uudhaan sirna dargii burkuteessanii biyyi keenya gara sirna demokraasiitti akka ceetu kan taasiseedha. Boqonnaan lammaffaa ammoo, biyyi keenya erga boqonnaa haaraatti ceetee booda waggootii 16 keessatti dhaabbatichi, biyya keenya keessatti keessaayyuu, naannoo Amaaraatti misoomni, demokraasii, nageenya amansiisaa akka mirkanaa'u ciminaan hojjeteera. Haaluma kanaan waggootii 16 darbanitti jijjiiramni ol'aanaan argameera.

Gama dinagdeetiin, misooma qonnaa, industirii, misooma magaalaatiinis ta'e kanneen biroo irratti jijjiiramni argame ol'aanaadha. Keessaayyuu, bara 1996 irraa eegalee waggootii afur walitti aananitti qonni keenya guddina fufiinsa qabu argamsiiseera kan jedhe ibsichi itti fufuudhaanis, oomishni qonnaa dachaa oliin guddateera. Tarkaanfiiwwan ekisteenshinii babal'isuuf fudhataman bu'aa qabeessa ta'uusaaniirrayyuu, qonni gad-aanaa ture kallattii imaammataafi tarsiimoo hojiirra ooleen gara qonna gabaan qajeelfamuutti ce'eera. Kanaanis qonnaan bultoonni hedduu jireenyi isaanii akka fooyyae'uufi duroomuu akka danda'an haala mijeeseera.

Guddinni qonnaa haala fufiinsa qabuun adeemuu kan danda'u yemmuu gabaan qajeelfamu qofa ta'uusaa hubachuudhaan, naannoo keenya ulaawwan misoomaa addaddaatiin qooduudhaan, qonnaan bulaan oomishaawwan bu'aa argamsiisuu danda'anirratti xiyyeeffatee akka hojjetu taasifameera. Akkasumas, wiirtuulee ulaawwan misoomaa keessatti argaman wajjin hidhiinsa uumuudhaan guddina si'ataa qonnaa mirkaneessuuf sochiin jalqabamuusaa ibsichi addeesseera.

Ibsi ba’ee kun akka agarsiisutti gama industiriitiin bu’aan ol’aanaa kan argame yemmuu ta’u, hojii dhabeeyyoonni kuma hedduutti lakkaawwaman maayikroo intarpiraayizii xixiqqaatiin gurmaaaanii hojii mataasaanii uummachuu danda’aniiru. Akkasumas, abbootiin qabeenyaa hedduu misooma naannichaarratti akka bobba’an taasifameera. Kunis bu’aa ol’aanaa argamsiiseera. Guddina magaalootaa si’achiisuudhaaf misooma paakeejii magaaloota hojiirra olchuudhaan sochiin taasifame bu’aa qabeessa ta’eera. Rakkoolee magaalootaa hikuudhaafis hirmaannaan ummataafi abbootii qabeenyaa ol’aanaadha. Bu’uraalee misoomaa babal’isuuf xiyyeeffannoo itti kennamee hojjetamuusaatiin bu’aan ol’aanaa argameera.

Hojiiwwan gama hawaasummaatiin hojjetaman keessaa tokko barnoota babal’isuu yemmuu ta’u, tumsa mootummaa, ummata, abbootii qabeenyaafi dhaabbilee garaagaraatiin hojiin hojjetame bal’aa ta’uusaa ibsichi eereera. Itti dabaluudhaanis, baay’inni manneen barnootaas ta’e, barattootaa haala bara 1983 keessa ture irraa harka dachaa ol guddateera. Baadiyyaa keessatti manneen barnootaa babal’isuu irratti xiyyeeffatamee hojjetamaa jira. Wayita ammaa daa’imman miliyoona afur ol ta’an carraa barnootaa akka argatan taasifamuu isaarrayyuu, dhaabbilee barnoota ol’aanoofi teknikaafi ogummaa babal’isuurratti argamu. Gama fayyaatiinis hojiiwwan hojjetaman, naannicha keessatti jijjiiramnii ol’aanaa akka argamu taasiseera. Dhibee “HIV” ittisuurratti tumsii taasifame jijjiiramni ol’aanaa akka argamu taasiseera. Akkasumas, busaa ittisuurratti tarkaanfiin fudhatame bu’aa ol’aanaa argamsiisuusaa ibsichi dabalee addeesseera. Bu’uraalee misoomaa babal’isuuf xiyyeeffannoon ol’aanaa kenname hojjetamaa akka jiruufi bu’aan gama kanaan argame salphaa akka hin taanee ibsichi eeruudhaan, gama hundaanuu jijjiiramni ol’aanaan kun argamuu kan danda’e, SDSA/ADWUIn imaammataafi tarsiimoo haala qabatamaa biyya keenyaa giddu galeessa godhatee baase hojiirra olchuusaatiin. Akkasumas, ummanni imaammattootaafi tarsiimoowwan kanneen kan kooti jedhee fudhaanuudhaan adda durummaan hojjechuusaatiin akka ta’e addeesseera.

Walumaa galatti koreen gidduu galeessaa ADSA Ijaarsa sirna demokraasii demsifamaa jiru keessatti dureeyyoonni, haayyuuleen, akkasumas, ummanni bal’inaan akka hirmaatan guddinni amma jalqabame haala fufiinsa qabun akka itti fufu hundumtu gara kuteenyaan akka hojjetu waamicha dabarseera. Itti fufuudhaanis, Itoophiyaa, sirnii

demokraasii kan keessatti dagaagee, biyya hiyyummaa keessaa baatee biyyoota galii gidduu galeessaa gqaban wajjin hiriirtu uumuuf mul’ata qabnu galmaan ga’uu akka dandeenyu amantii cimaa qabu mirkanaeessa jechuudhaan ibseera.

Ijoo dubbii

Ayyaana injifannoo dachaan marfame

Sosocho'inni Demokraatawaa saba Amaaraa /SDSA/ ayyaana yaadannoo hundeeffama dhaabbatummaa Isaa Sadaasaa 11 bara 2000 yeroo digdamii torbaffaaf iddoo bakka bu'oonni sabaafi sab-lammootaa, keessummoonni kabajamoon waamamaniifi sabni Amaaraa miliyoonaan lakkaa'amu argamanitti sirna ho'aadhaan kabajatee ooleera. Sirni kabaja ayyaanichaafi lakkoofsi ummata ayyaanicharratti hirmaatan kanneen kanaan dura darban irra caalmaa kan qabu ta'uusaa keessummoonni ayyaanicharratti hirmaatan tokko tokko dhugaa ba'aniiru.

Dhugaadha, sirna kabaja ayyaana hundeeffama SDSA baranaa kanneen kanaan dura darban hunda caalaa ho'aafi miidhagaa akka ta'u sababoonni taasisan garaa garaa jiru. Tokkoffaa, waggootii arfan darban keessa guddina misooma dinagdee fufiinsa qabu galmeessisuu danda'uu keenyarraayyuu barana yeroo shanaffaaf guddina dinagdee galmeessisuu akka dandeenyu mallattooleen mirkaneessan argamuu wayita jalqabaniitti, akkasumas burumtaa ayyaana bar-kumee keenyaa kan kabajame ta'uunsaa kabaja ayyaanichaa adda taasisa. Lammaffaafi hundumaa caalaa ammoo, sosso'inni Demokraatawaa Saba Amaaraa qabsoo hidhannoo bu'a ba'ii qabuufi obsa-fixachiisaa ta'e keessa kutannoodhaan kan darbe, seenaa biyyattii keessatti yeroo jalqabaaf ummanni Amaaraa harka caalaa akkuma sabaafi sab-lammoota biyyattii kunneen biroo cunqurfamoodha, fedhiifi faayidaan ummata cunqurfamaa Amaaraa kabajamuu kan danda'u yoo fedhiifi faayidaan ummata biyyatti guutummaan kabajame qofaadha jechuu dhaan qabsoo ummata Amaaraa karaa demokraatawaa kan gaggeesse, ummata Amaaraa keessatti sabboonummaa demokraatawaa akka dagaagu kan taasise, deemsa isaa kanaanis paartiilee siyaasaa, warra ummata Amaaraa ummattoota biroo wajjin walitti naquudhaan adda baasuu barbaadan ifatti saaxilee wayita mo'atetti ayyaana kabajamu ta'uun isaa adda taasisa.

Sosso'inni Demookraatawaa saba Amaaraa, Barana, Sadaasa 11 bara 2000 ayyaana yaadannoo hundeeffama isaa waggaa digdamii torbaffaa sirna ho'aan kabajate wayita jedhamu, waggootii digdamii torba dura ka'umsi dhaabichaa maal akka fakkaatu, aarsaa

hadhaawaa lubbuu namaa gaafatu akkamii akka ture, bu’a ba’ii akkamii darbamee injifannoon akka gonfatame kanaan dura haala adda addaatiin irra deddeebi’amee himamaa waan tureef irra deebi’uun barbaachisaa hin ta’u.

Dhaabichi waggootii digdamii torba darban keessa, keessuma ammoo yeroo qabsoo hidhannoo sana seenaa boonsaa dhalootarraa dhalootatti darbuu danda’u galmeessisiisee qaba. Akkuma kaleessa qabsoo hidhannoo keessatti seenaa boonsaa dhalootarraa dhalootatti darbu galmeessisemmoo har’as karaa misoomaa seenaa boonsaa, seenaa dhalootarraa dhalootatti darbu galmeessaa jira. Dhaabichi kaleessa qabsoo hidhannoo keessatti, warreen abdii kutatan tokko tokko “Dargii waraanaan injifanna jedhanii yaaduun gaara guddaa wadaroo (funyoodhaan) harkisanii kuffisuuf yaaluudha” jechuun wayita baqatan sana, ‘**አንበረከክም**’ (Dargiif hinjilbeenfannu) akkuma jedhanii qabsaa’an, har’as kutannoofi seexaadhaan duura misoomaarratti bobba’anii injifataa jiru. Duula dirree misoomaatiin har’as ‘**አንበረከክም**’ jedhanii hiyyummaarratti dhaadataa jiru. Dhaadachuu qoafaa miti, bu’aa qabatamaa argamsiisanii jireenya ummatichaa hundeedhaan jijjiiraa jiru. Immaanyummaa seenaa kaleessaarraa kaanee, fiixa ba’insa misoomaa amma qabatamaan argamaa jiru wayita ilaalummoo firiin borii abdiidhaan nutti mul’ata.

Kanaafuu abdii misoomaa kana qabatamaatti jijjiirree biyya keenya biyyoota galii giddu galeessa qaban cina hiriirsuuf miira tokkummaafi wal-deggersaatiin harka wal-qabannee haa kaanu jenna. Ayyaana gaarii!!

Aaga Badhaadhinaa

Ulaawwan misoomaa, guddina dingdeef

Biyya keenya keessatti waggootii afur darbanitti guddinni dinagdee haala fufiinsa qabuun galmaa'eera. Guddinni kun utuu waliirraa hincitiin waggootii fuulduraafis akka itti fufuu taasisuuf kallattii addaddaatiin sochiin jalqabameera. Keessyyuu, naannoo Oromiyaatti akkaataa taa'umsa lafaa, qabeenya uumamaa, haala qilleensaafi kanneen biroo gidduu galeessa godhachuudhaan ulaalee misoomaa addaddaatti qoodamee hojiin jalqabameera. Kaayoon isaa inni ijoon qabeenya uumamaa humna namaafi bishaan jiru qindeessanii hojjechuudhaan guddina naannichaa si'achisuu akka ta'ee Ob. Dachaasaa Dhugaasaa Biiroo misooma qonnaafi baadiyaa Oromiyaatti itti aanaa hogganaa biiroofi itti gaafatamaan damee eegumsa bunaa, kuduraafi muduraa nutti himaniiru.

Ulaaleen misoomaa kunneen bar-dheengaddaarraa eegalee hojiirra kan oolan yemmuu ta'u, ulaalee misoomaa Oromiyaa lixaa, gidduugaleessaafi bahaa jedhame addaan ba'uusaarrayyuu, kanneen biroon ammoo qoratamaa jiru. Ulaan misoomaa lixa Oromiyaa godinaalee, Jimmaa, Iluu Abbaa booraa, Wallagga lixaa, Qellam Wallaggaa, Hoorroo Guduruu Wallaggaafi walumaa galatti godinaalee jahaa aanaalee 93 kan gidduu galeessa godhateedha. Godinaaleen kunneen ammoo oomisha bunaatiin beekamoo waan ta'aniif xiyyeeffannoon inni ijoo buna qulqullinaan oomishuudha. Kanuma wajjin wal-qabatee me'eessituu, urgooftuu addaddaa, kuduraafi muduraa akkasumas, oomishni dammaa bal'inaan ni hojjetamaa jira. Hojii kanaafis birriin miliyoona kudha sagalii ol ramadame kan hojjetamaa jiru yemmuu ta'u, dhaabbilee biqiltuu bunaafi yuuniversitoota addaddaa wajjinis qindoominaan hojjetamaa jira. Gama biraatiinis fiixa ba'insa hojii kanaaf sanyiin bunaa, kuduraafi muduraa bitamee misoomni jalqabameera. Hojiilee hojjetamaa jiran keessaa mee fakkeenya tokko tokko kaasnee haa ilaaluu.

Godina Jimmaatti sanyiin bunaa baajata ulaa misoomaatiin qophaa'ee kiiloogiraama 17,900 yemmuu ta'u, aanaalee sanyii bunaa qopheessuu hin dandeenyeef dhaabbata bunaa Limmuu irraa buna kuntaala 40, birrii kuma 200n bituuf akkasumas qorannoo qonnaa Jimmaarraa ammoo kuntaalla 34 bituuf gatiin kaffalameera. Akkasumas, biqiltuu aanaanaasii 1,540 birrii kuma 700n bituuf qophiin xumurameera. Akkasumas, meeshaalee qulqullina bunaaf gargaaran kanneen joniyyaa diriiraa, falfaltuu bunaafi

kanneen biroo akka bituuf birriin 43,912 ramadameera. Godina I/Abbaa Boraattis sanyiin bunaa kiilogiraama 24,450 qophaa'uusaafi aanaaleen addaddaa keessa ammoo sanyii bunaa kuntaala 234 ol oomishamaa akka jiru Ob. Dachaasaan nutti himaniiru. Meeshaalee addaddaa kanneen akka shiboo maramaa, joniyaa diriiraafi kanneen biroo bituuf ammoo birriin kuma 670 ramadameera. Haaluma wal fakkaataa ta'een godina lixa Wallaggaatti sanyiin bunaa kiloogiraama 38,250 kan qophaa'ee yemmuu ta'u, meeshaalee addaddaa bituuf ammoo birriin kuma 500 ol ramadameera.

Gama biraatiin ammoo godina Qellam Wallaggaatti sanyiin bunaa kiilogiraama 19,500 kan qophaa'e yemmuu ta'u, dhaabbata biqiltuu bunaa Limmuufi qorannoo qonnaa Jimmaa irraa buna kuntaala 65 bituuf kafaltiin birrii raawwatameera. Godina Horroo Guduruu Wallaggaatti ammoo sanyiin bunaa kiiloogiraama 1,700 kan qophaa'ee yemmuu ta'u, dhaabbata bunaa Limmuu irraa sanyiin bunaa kiiloo giraama 1,800 bituuf karoorfamuusaa Ob. Dachaasaan dubbataniiru. Walumaa galatti sanyiin bunaa kiiloograama 109,300 ol kan bitamuu yemmuu ta'u, bara 2001 biqiltuun bunaa miliyoona 255 ol akka qophaa'u barameera.

Haala misoomaa gidduu galeessaatti ammoo kan hammataman godinaalee Shawaa kaabaa, bahaa, dhihaafi kibba lixaa yemmuu ta'an, hedduumminaan misooma midhaanii, horii gabbisuu, kuduraafi muduraa, akkasumas kanneen biroorratti xiyyeeffatame ni hojjetama. Haaluma kanaan hanga ammaatti gama ulaa misoomaatiin Shumburaan lafa heektaara 5,434 irratti kan faca'ee yemmuu ta'u, qonnaan bultoonni 14,217 hirmaataniiru. Misirri heektaara 2,061 irratti faca'uusaafi kanarrattis qonnaan bultoonni 4,230 kan hirmaatan ta'uusaa Ob. Dachaasaan nutti himaniiru. Lafa heektaara 640 irratti sunqoon kan faca'e yemmuu ta'u, qonnaan bultoonni 2,069 hirmaataniiru. Abasuudnii gurraachaafi adiin lafa heektaara 747 irratti faca'uusaafi kanarrattis qonnaan bultoonni 2,921 hirmaachuusaaniifi kuduraafi muduraan ammoo lafa heektaara kuma lama ol irratti faca'uusaa odeeffannoo argaman irraa hubachuun danda'ameera. Ulaan misoomaa bahaa hanqina wabii nyaataa wajiin wal qabatee kan hojjetamuu yemmuu ta'u, birriin miliyoona 450 ol ramadamee misoomni kuduraafi muduraa, akkasumas hojiileen addaddaa wajjin walqabatee akka hojjetamaa akka jiran Ob. Dachaasaan nutti himaniiru.

Egaa, sochiin ulaalee misoomaa hedduu yemmuu ta’u, kan armaan olii akka fakkeenyaatti kaafne malee hojiin hojjetamaa jiru bal’aadha. Kana malee, hojiin seektaroonni hundumtu qindoominaan kan irratti hirmaataniidha. Gama ijaarsa manneen barnootaa, keellaa fayyaa, bishaan dhugaatii, daandii, hundumaarratti xiyyeeffatame kan hojjetamu waan ta’eef rakkoolee gama dinagdee, hawaasummaafi siyaasaa jiru kan maqsuudha. Akkasuma, guddina dinagdee si’ataa fiduudhaan fumsa hiyyummaa keessa ba’uuf taasifamu keessatti shoora ol’aanaa kan qabu waan ta’eef qaamnii hundi iddoo jiruutti fiixa ba’insa hojii kanaaf ciminaan hojjechuu qaba.

Misooma Bunaa

Ragaaleen addaddaa akka eeranitti naannoo Oromiyaatti lafti oomisha bunaaf mijaa'aa ta'e heektaara miliyoona sadii ol ta'a. Haa ta'u malee, hanga ammaatti misoomuu kan danda'e lafa heektaara miliyoona walakkaa kan caalu miti. Wayita ammaa kana jijjiiruudhaafis xiyyeeffannoon itti kennamee hojjetamaa jira. Ragaan Biiroo misooma qonnaafi baadiyaa Oromiyaa irraa argame akka addeessuutti barana lixa Oromiyaa qofa irraa buna toonii 132,149 ol gabaa giddugaleessaaf dhiyeessuuf karoorfameera. Lakkoobsa kana ammoo dhawaataan guddisuuf xiyyeeffannoon itti kennamee hojjetamaa jira. Kanaaf ammoo hojjettonni misoomaa kuma tokkoo ol leenjii'aniiru. Isaan ammoo iddoo addaddaatti qonnaan bultoota kuma sooddomii torbaa ol leenjisaniiru.

Ob. Guutamaa Ittaanaa Biroo misooma qonnaafi baadiyaa Oromiyaatti eksipartiin qulqullina bunaa akka dubbatanitti laftii bunaa heektaarri kuma torbaa ol xaa'oo uumamaatiin haguugameera. Akkasumas, aramaa to'achuu, buna jala soquun, latiinsa bunaa haphisuuniifi buna gamashuun yeroosaatiin raawwateera.

Buna gabaa gidduu galeessaaf dhiyaatu keessaa dhibbeentaan jahaatama naannoo Oromiyaarraa kan argamuudha. Barana buna toonii kuma 240 ol gabaa gidduu galeessaaf dhiyeessuuf karoorfamuusaa odeeffannoo argameerraa baruun danda'ameera. Raawwiin hojii kurmaana tokkooffaa akka mul'isuutti naannoo Oromiyaarraa bunni tooniin kuma kudha shanii ol gabaa giddugaleessaa kan dhiyaatee yemmuu ta'u, kana keessaa tooniin 267 kan micame tooniin 13,276 ammoo kan hin micamnedha.

Bunni bu'uura dinagdee biyya keenyaa waan ta'eef kunuunsii barbaachisuu hundi taasifamu qaba. Oromiyaan iddoo dhaloota bunaati. Kana qofaa miti, qonnaan bultoonni miliyoonaan lakkaawwaman jireenyisaanii bunaa wajjin kan wal qabatee. Jireenyii qonnaan bultoota kanneen fooyyeessuuf hojiin misoomaa bunarratti xiyyeefatame hojjetamaa jiru bu'aa ol'aanaa argamsiisaa jiru kan haaluma jalqabameen itti fufuu qaba.

Walumaa galatti sochiin amma jalqabame cimee itti fufuu qaba. Sadarkaa sadarkaatti leenjii kennuun hojii hojjetamu bu'aa qabeessa akka ta'u taasisa. Gara fuul duraatti misooma bunaa babal'isuun guddina keenyaaf gahee ol'aanaa qaba.